Abbaa koo fi Miskoolii

Akkuma hundumti keessan beektan abbaan koo biliyoonara, haati koommoo manaajera mana baankiiti. Kun dhugaa hin haalamnedha. Anaan Garuu qabeenyi isaanii fi aangoon isaanii kun homaa tokkollee naaf gochaa hin jiru. Ilma biliyoonaraa ta'uun Faayidaa isaarra miidhaa isaatu caala.

Abbaan koo hamma har'aatti bilbila hin qabu. Yemmuun mana barumsaa sadarkaa lammaffaa(High school) seenu abbaan koo akka bilbila naaf bituufan gaafadhee ture. Inni Garuu hamman ani ofii kootii qabadhutti ati hin qabattu jedhee na dide. Irra deddeebi'ee kadhadhus na dide, maal kadhaa dhagahaa mitii!!

Har'a bitata, boru bitata jedhee osuman eeguun high-school xumuree qophaa'ina(preparatory) seene. Ilma biliyoonaraa ta'ee Hamma yeroo sanaatti bilbila qabachuu dhabuu koof ijoolleen hiriyoonni koo baay'ee na taajabu turan. "Abbaan kee biliyoonara ta'ee akkamitti bilbila dhabda, osuu anaatii Palmtop malee baruuleerratti hin baradhun ture" jedhanii na cabsu.

Guyyaa tokko baay'ee aaree galeen abbaa koo jeeqe. Jeequmsi koos lola isinitti fakkaatee? Kadhaanin jeeqe! Indee Biliyoonara bar. "Abbaa yoom bitattaaree anoo bilbila hawwee"n jedheen. Homaa deebii naaf hin kennu. Bakka kanaa beenu achi dhaqii kana godhimee, kana fidimee naan jedha. Oduun isa kunis biyya walgahe.

Akka tasaa guyyaa tokko abbaan koo Intarviwuu(Interview) dhaaf miidiyaa tokkorratti afeerame. 'Akka tasaa'n jedhee? Dhiifama. Akka tasaa miti, mana dhufanii kadhatanii kadhatanii fuudhanii geessan malee. Haasawa Biliyoonara tokko uummataan gahuufis beeksisa(Promotion) isa torbee tokko dura beeksisan. Gaafa guyyaan gahus uummanni hundinuu television isa banatee dhaggeeffachuu eegale.

Yoo inni waanuma xiqqoo tokko dubbate ni kolfuuf, ni jaju,harka rukutuuf. Ani Garuu taa'een nyaara koo guuree television ilaala aariin guutameen. Gurbaa abbaa keetiif harka hin rukuttuu? Naan jette harmeen akkan ani aariin ilaalu bartee.

Osuma haasawaa dheeraa fajanjulaa tokko gochaa jiruu gaazexeessaan gaaffii isa gaafate,"Isin maalif hanga ammaatti bilbila hin qabannee? Tarii uummataaf fakkeenya ta'uu dandeessu" jedheen. Ani isa gaazexeessichu uummataaf fakkeenya taatu jedhu sana dhagaheen, "Wayyoo! Ilmoon namaa kana dhageessee fala taate" jechuun eegale.

Maal jedhee deebiseef sinitti fakkaata? Anayyuu naasuun dugda na kutewoo maal jedheen sinitti himaa? Amman deebiisaa dhagahee dugdi na cite sana osuu ibsaan magaalaa keenyaa inni dur sa'aatii tokko keessatti yeroo kudhan badu sun maaf bade tamsaasa sana addaan kutee jiraatee.

Egaa maalan sin dhoksa, osuman sin dhokseeyyuu oduun biliyoonaraa hin dhokatuwoo yoona intarneetiirra guute. Isinoo qaxaleewwan achirraa argituwoo.

Akkuma nama waan guddaa deebisuu sagaleesaa ciratee, "Ani amma bilbila yoon bitadhe Sooressa waanan ta'eef namni hunduu Miskoola natti godha malee naaf hin bilbilu. Sooressatti duruu miskoola godhatuwoo! Animmoo deebisee bilbiluufiin qaba; nama hundaafis akkasuman godha. Bilbillimmoo bishaaniin hin hojjetu; kaardii guutuu barbaachisa. Kunimmoo qabeenya koo mancaasee hiyyeessa na gochuun danda'a jedhee waanan sodaadheef bilbila qabachuu hin barbaadu" jedhee deebiseefi jaan-ammayyaa jilban deemsise. "Kun waan ajaa'ibaati uummata bal'aaf fakkeenya ta'uu danda'a" gaafa gaazexeessichi jedhun aaree ka'ee Televisionicha cufe.

Akkuman haasawa kana dhagaheenis abdiin kutadhe. Sababnisaa kana taanaan ofiifis hin bitatu anaafis hin bitu jedheen kallattii koo gara harmee kootti naannesse. Harmeenis na didde. Dhumarra wanan cimsee ishee kadhadheef, haati hamma abbaa garaa hin jabaattuu, boodarra yaada tokko naaf himte.

Garuu gara laafinashii qofa miti; osuun hamman gaafa sana jilbeeffadhee ishee kadhadhe osuun jilbeeffadhee uumaa kadhadheera ta'ee silaa yoona gaaffii kiyya qofaa mitii gaaffiin biyyattii cub***tuu kanaayyuu deebii argatee ture.

"Eega hamma kana na kadhatte ani akka abbaa kee garaa jabadhee sin diduutii bilbila siifan bita; Garuu kaardii itti naaf guuti naan jettee guyyaa tokkollee nan gaafatiin" naan jette. Anis mammaksittii ishee "daa'imni gamni kan argatte fudhatteet kan dhabdeef boochi" jettu sana yaadadheen tole jedhee waadaa galeef.

Garuu ergan bilbila bitadhee kaardiin na barbaachisaa dhufe. Barataa kuta 12ffaa waanan ta'eef nama guddaadha; kana birattimmoo ilma biliyoonaraa waanan ta'eef miskooliin warra gurdii(katee) sun naaf gamsiiseera. "Abbaan koo edaa hin gubatee?"n jedhe miskooliitti aareen. Abbaan koo dhugaa qaba;kan anatti akkatti miskoolan isammoo maal haa godhan? miskoolaaf hiriira qabatukaa!!.

Anis kutaa 12ffaa fixeen yuunivarsiitii seene. Harmeen koo torban lamatti si'a tokko qofa naaf bilbilti. Isayyuu Abbaa koo dhokatteetu. Yeroo naaf bilbiltes nagaa na gafachuurratti yerooshee fixuu hin barbaaddu daddaftee gara dhimma naaf bilbilteetti seenti. Kaardiitu itti lakkaa'akaa.

Anis Miskoolii itti hin godhu hamma gaafa harmeen naaf bilbiltuutti taa'eetuman eeggadha malee. Osuman miskool godhees namni si dhagahe naan jedhu hin jiru.

Harmeen yeroo bilbila ha faana haasoftugaa dhimma na barbaaddeef haasawattee gaafa xumurtes nagaa ta'i naan hin jettu osuma haasoftuu xaq! xaq! narratti godhatti . Ayi isaanoo!! Akka tasaa gaafa bilbila mana baankiitiin natti bilbiltu wanuuma na bira teessee natti haasoftudhaka. Anatu haasawuu dadhabee irratti cufata malee. Ay qabeenya mangiftii!!!

Dhugaa rabbii sassatuun amaluma sooressaati eega warra kootii. Abbaan koo biliyoonara.(Irra deddeebite naan hin jedhiinaa isin yaadachiisuudhumaafi). Yemmuu gara magaalaa deemu garuu kophaasaa nyaata; kophaasaa dhuga. Suuta jedhee #shulluq jedhee Mana wayii #qalaw jedha. Ay abbaayyee!!

Kanaanis Namoonni baay'een isa hamatu. Afaanii baasanii dubbachuuf garuu isa sodaatu. Sooressi duruu sodaatamakaa. Sababa isaatiin anayyuu nama meeqatu na sodaata seetan? Baay'eedha. "Sooresa gowwaa hin se'an" mammaaksi jedhu sun wusxe naw!!

Guyyaa tokko amaachiin koo(Abbaa haadha manaa koo ishee Abbaan koo naaf argee, Hiriyootadha abbaayyee wajjin) iccitiisaa kana dhagahee maaliif akka kophaasaa nyaatee dhugu gaafate. Cabasaa! Qurxamasaa! Isayyuummoo ennaa dubbatu hin qaaneffata seetanii? Ay biliyoonar!!

“Amma yoon nama faana nyaadhee dhuge namni mammaaksittii ‘Sooressa afeeruun fakkarsa fakkaatti’ jedhu sana waan dhaghee gurraa qabuuf nyaatee dhugaa anuma kaffalchiisa. Kunimmoo deemee deemee qabeenya koo fixee hiyyeessa na gochuun danda’a jedhee waanan sodaadheefan kophaa koo nyaadhee dhuguu filadhe” jedheen. Ay biliyoonar!!

Yaadannoon barreeffama kanaa sooressoota sassatanii fi namoota barataatti miskoola godhaniif haa ta’u!! RIP!!